# Mirga Keessan Beekaa: Yoo waraqaa ragaa hin qabdan ta'e Minnesota keessatti maal gochuu Akka Dandeessan

(Know Your Rights: What You Can Do in Minnesota if You Are Undocumented)


Waraqaa ibsituun kun namoota sanada hin qabneef kan qophaa'edha. Kana jechuun Ameerikaa keessa jiraachuuf haala immigireeshinii ykn waraqaa seeraa hin qabdan jechuudha. Waa'ee mirga keessanii fi wantoota Minnesota keessatti hojjechuu dandeessan dubbata. Odeeffannoo waa'ee:

- Hayyama konkolaachisummaa ykn waraqaa eenyummaa mootummaa argachuu
- Fuudhaa fi heeruma ykn wal hiikuu
- Mana murtii dhaquun daa'ima keessan kunuunsuu
- Hojii daldalaa hojjechuu fi qabaachuu
- Maallaqa itti hojjette hunda argachuu
- Gibira kaffaluu fi herrega baankii banuun
- Baraarsa fayyaa argachuu
- Mana qabaachuu ykn kireeffachuu
- Yuunivarsiitii deemuu
- Qaamolee seera kabachiisan waliin walitti dhufeenya uumuu

**Waraqaan dhugaa kun Giddugala Seera Godaantotaa Minnesota, Gargaarsa Seeraa Mid-Minnesota, Tajaajila Seeraa Naannoo Kibba Minnesota, The Advocates for Human Rights, fi Volunteer Lawyers Network waliin ta'uun kan qophaa'edha. Maallaqa Kutaa Tajaajila Namaa Naannoo Minnesota irraa argameen deeggaramee ture.**

# Hayyama Konkolaachisummaa fi waraqaa Eenyummaa Isteetii

## Hayyama konkolaachisummaa ykn waraqaa eenyummaa mootummaa argachuu dandeessu.



Yoo waraqaa ragaa hin qabdan ta’e, hayyama konkolaachisummaa ykn waraqaa eenyummaa isteetii Minnesota’dhaa argachuu dandeessu. **Hayyama konkolaachisummaa argachuuf lakkoofsa wabii hawaasummaa isin hin barbaachisu.** Hayyama konkolaachisummaa argachuuf gara waajjira Tajaajila Konkolaachisaa fi Konkolaataa (DVS) dhaqaa. Tajaajilli Konkolaachisaa fi Konkolaataa odeeffannoo keessan Immigireeshinii fi Gumurukaaf (ICE) hin qoodu.

Hayyama konkolaachisummaa argachuuf kan gochuu qabdan:

- Sanadoota eenyummaa keessan mirkaneessu 2 dhiyeessuu. Isaanis: paaspoortii, waraqaa eenyummaa qoonsilaa, ragaa dhalootaa ykn ragaa gaa’elaa kan dabalatu ta’uu danda’a
- Qormaata beekumsaa fi qormaata konkolaachisummaa fudhachuu
- Qormaata qaroo(ijaa) darbuu
- Suuraa akka kaafamu gochuu **fi**
- Kaffaltii kaffaluu.

### Odeeffannoo dabalataa argadhaa.

LawHelpMN waraqaa ibsituu kan waa’ee tarkaanfiiwwan hayyama konkolaachisummaa argachuuf fudhataman dubbatu qaba. Koodii QR iskaanii godhaa ykngara kana deemaa: lawhelpmn.org

## Konkolaataa qabaachuu dandeessu.



Yoo hayyama konkolaachisummaa qabaattan baraarsa konkolaataa bitachuu dandeessu. Baraarsa konkolaataa yoo qabaattan konkolaataa qabaachuu fi maqaa keessaniin konkolaataa qabaachuu dandeessuHamma dandeesse maqaa keetiin waan baay'ee qabaachuun gaariidha.  LawHelpMN waraqaa dhugaa ibsituu konkolaataa haaraa hin taane bitannu maal gochuu akka qabnu kan dubbatu qaba. Gara kana deemaa: lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/how-buy-used-car-dealer.

# Gaa’ela, Gaa’ela Hiikuu fi Ijoollee

## Gaa’ila godhachuun hin dandaa’ama.



Yoodhuma waraqaa ragaa hin qabne ta'ellee Minnesota keessatti gaa’ila godhachuu dandeessa. Hayyama gaa’elaa argachuuf lakkoofsa Wabii Hawaasummaa isin hin barbaachisu. Nama biraa waraqaa eenyummaa hin qabne waliin gaa’ila godhachuu dandeessu. Nama haala immigration (waraqaa seeraa Ameerikaa keessa jiraachuuf) qabu waliin gaa’ila godhachuu dandeessu.


### Odeeffannoo dabalataa argadhaa.

LawHelpMN waraqaa ibsituu waa’ee akkaataa hayyama gaa’elaa itti argattanii fi yoo gaa’ela godhachuun haala immigireeshinii keessan irratti dhiibbaa geessisuu isaa waan dubbatu qaba. Koodii QR iskaanii godhaa ykn gara kana deemaa: lawhelpmn.org

## Gaa'elli isin biyya biraa keessatti uummattan Ameerikaa keessatti seera qabeessa.

Gaa’elli keessan mootummaa ykn sirna seeraa bakka itti gaa’ela godhattaniitiin beekamtii argate yoo jiraate, Ameerikaattis seera qabeessa ta’uun isaa hin hafu. Tarii ragaa gaa’ela keessan agarsiisuun isin barbaachisuu danda’a.

## Gaa’ila keessan diiguu dandeessu.




Yoo Ameerikaatti gaa’ila uummattan, Ameerikaatti wal hiikuu dandeessu. Yoo biyya biraatti gaa’ila uummattan, Ameerikaatti wal hiikuu dandeessu. Hiriyaan gaa’elaa keessan iyyata immigireeshinii tursiifame yoo isiniif galte jiraatte, wal hiikuun adeemsa sana haquu danda’a. Kunis akka biyyatti deebitan isin HIN taasisu.

### Odeeffannoo dabalataa argadhaa.

LawHelpMN waraqaa ibsituu kan Minnesota keessatti seeraan gaa'ela godhachuun ykn wal hiikuun maal jechuu akka ta'e dubbatu qaba. Koodii QR iskaanii godhaa ykn gara kana deemaa: lawhelpmn.org

## Dhimma guddifachaa ijoollee keessanii irratti hirmaachuuf mana murtii dhaquu dandeessu.



Yoo ijoollee qabaattanii fi wal hiiktan, isinii fi hiriyaan gaa'elaa keessan duraanii eenyu akka ijoollee keessan kunuunsu murteessuu qabdu. Eenyu akka guddisuu qabu irratti yoo walii hin galle, abbaan murtii isiniif murteessuu danda'a.

Eeggeessuun kan murtaa'u mana murtii maatii keessatti malee mana murtii immigireeshinii keessatti miti. Abbootiin murtii adda. Abbootiin murtii mana murtii maatii faayidaa daa'imaa ilaalu. Abbootiin murtii mana murtii maatii keessa jiran haala warra sanada hin qabne isaan irratti hin fayyadaman. Hiriyaan gaa'elaa duraanii sadarkaa godaansa seera qabeessa qabdu, haala godaansa seera qabeessa ta'e dhabuu keessan isin sodaachisuuf itti fayyadamuuf yaalu danda'a. **Mana murtiitti dhimma eegumsaa irratti hirmaachuuf mirga qabda yoo sanada hin qabdan ta'eyyuu.**



### Fakkeenya: Elena fi Intala Ishee

Elenan sanada hin qabdu. Abbaa warraashee Edwardo waliin wal hiikuuf jirti. Eduwrdon Kaardii heyyama jireenyaa qaba. Eduwardon Elenan intala isaanii akka inni guddisuuf guutummaatti yoo isaaf hin kennine, Elena Immigrashonii fi gumurukatti (ICE) akka gabaasu itti hime. Abbaan murtii mana murtii maatii keessa jiru immigireeshiniif hin hojjetu. Abbaan murtii mucayyoodhaaf waan wayyu yaada. Abbaan murtii Elena ICEtti hin gabaasu ykn haala sanada dhabuu isheetiin ishee hin miidhu. Elenaan dhaddacha mana murtii eegumsaa dhaquu qabdi.

### Odeeffannoo dabalataa argadhaa.

Manneen Murtii Minnesota unkaalee yoo daa'ima kunuunsuu fi yeroo guddifachaa gaafattan isin gargaaruu danda'an qabu. Akkasumas unkaalee ajaja jiru kan daa'ima kunuunsuu ykn yeroo guddifachaa jijjiiruuf gargaaran ni jiru. Koodii QR scan godhaa ykn gara kana deemaa: lawhelpmn.org

LawHelpMN waraqaa ibsituu waa'ee abbootii, mirga maatii hundeessuun, guddiftuu murteessuu, fi abbootiin ijoollee isaanii wajjin yeroo argachuuf maal gochuu akka danda'an dubbatu qaba: Koodii QR scan godhaa ykn gara kana deemaa lawhelpmn.org

# Hojii Daldalaa Hojjechuu fi Qabaachuu

## Hojii daldala hojjechuu dandeessa.



Dhaabbileen daldalaa Minnesota keessa jiran harki caalaan isaanii yoo hayyama mootummaa irraa hojjechuuf qabdu mirkaneessuu hin dandeenye si hin qacaran. Kunis “hayyama hojii” argachuu jedhama. Namni hundi hayyama hojii argachuu hin danda'u.


**Yoo sanada hin qabnnellee daldala mataa keessanii jalqabuu <u>dandeessu</u>.** Minnesota keessatti daldala jalqabuuf hayyama hojii ykn lakkoofsa Wabii Hawaasummaa isin hin barbaachisu. Gosa daldalaa irratti hundaa’uun nyaata dhiheessuu ykn meeshaalee tokko tokko dhiheessuuf hayyama addaaf iyyachuu isin barbaachisuu danda’a.



### Fakkeenya: Daldala Qulqullinaa Karlan

Karlan waraqaa ragaa kan hin qabnee fi seeraan hojjechuu barbaaddudha. Daldala qulqullinaa jalqabuu barbaaddi. Daldala qulqullinaa tokkoof hayyama addaa ishee hin barbaachisu. Daldala kana jalqabdee ofii isheetiif seeraan hojjechuu dandeessi. Karlan maallaqa argattu irraa gibira kaffaluu qabdi.

## Maallaqa itti hojjettan hunda argachuuf mirga qabdu.



Hojjechiisaan keessan maallaqa isin hojjettee turte hunda siif kaffalu qaba. Kana jechuun:

- Yoo xiqqaate mindaa xiqqaa seeraan kaa’ame isiniif kaffaluu qabu.
- Yoo hojii dhiistan ykn hojiirraa ari’amtan mindaa keessan isa dhumaa isiniif kennuu qabu.
- Sa’aatii 40 ol yoo hojjettanii fi sa’aatii tokkotti hojjetaa yoo taatan sa’aatii dabalataa isiniif kaffalu qabu. (LawHelpMN waraqaa ibsituu eenyu kaffaltii sa’aatii dabalataa argachuu akka danda’u ibsu qaba. Gara kana deemaa: lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/overtime)
- Maallaqa dabalataa isin argattan hatuu hin danda’an.
- “Sa’aatii malee” akka hojjettu si gaafachuu hin danda’an.

"Hanna mindaa" jechuun hojjechiisaan keessan maallaqa isin hojjetaa turtan hunda isiniif hin kaffalle jechuudha. Hojjechiisaan keessan maallaqa isaan isin irraa qaban akka isiniif kaffalu gaafadhaa. Lakki yoo jedhan hanna mindaa gabaastaniitoo qarshii keessan argachuuf mirga qabdu. Kana gochuu kan dandeessan yoo sanada hin qabdan ta'edha. Hojjechiisaan keessan hanna mindaa yoo gabaastan biyyaa akka ari'amtan isinitti himuu danda'a. Kun dhugaa miti. Hanna mindaa gabaasuun akka biyyaa ari'amtan isin hin taasisu. Hojjechiisaan keessan maallaqa isin hojjetaa turtan hunda isiniif hin kaffalu taanaan, hojjechiisaan keessan seera cabsaa jira. Isin seera hin cabsine.

Hanna mindaa gabaasuuf:

- Qajeelcha Hojjetaa fi Industirii Minnesota'tiif (651) 284-5075 irratti bilbilaa **ykn**
- Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa Minnesota'tiif (651) 296-3353 irratti bilbilaa.

LawHelpMN waraqaa ibsituu kan maallaqa hojii durii irraa liqii isinirra jiru argachuuf isin gargaaruu danda'u qaba. Gara kana deemaa: lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/my-old-job-owes-me-money-wage-claims

# Gibiraa fi Herrega Baankii

## Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa Dhuunfaa (ITIN) argachuu dandeessu.

Lakkoofsa wabii hawaasummaa yoo hin qabaanne, Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa Dhuunfaa (ITIN) argachuu dandeessu. Kun lakkoofsa Tajaajila Galii Keessaa (IRS) irraa argattanidha. **Lakkoofsa wabii hawaasummaa osoo hin taane ITIN fayyadamuun gibira galmeessuun herrega baankii banuun ni danda'ama.** ITIN argachuuf unka W-7 guutaa. ((Unka W-7 kanarraa argattu: irs.gov/forms-pubs/about-form-w-7). Yoo teessoo mana keessanii ITIN keessan irratti fi unka gibiraa keessan irratti fayyadamuu hin barbaanne, bakka isaa PO BOX fayyadamuu dandeessu. Unka kanaa fi ragaa dhalootaa keessan gara kanatti ergaa:

Internal Revenue Service
Austin Service Center
ITIN Operation
P.O. Box 149342
Austin, TX 78714-9342

## Herrega baankii bantanii kaardii liqii argachuu dandeessu.



Yoo waraqaa ragaa hin qabaannee herrega baankii banuun kaardii liqii argachuu dandeessu. Baankonni fi dhaabbileen kaardii liqii hedduun lakkoofsa wabii hawaasummaa keessan isin gaafatu. Baankonni fi dhaabbileen kaardii liqii tokko tokko bakka isaa herrega banuuf Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa Dhuunfaa (ITIN) akka fayyadamtan isiniif hayyamu. Baankii ykn dhaabbati kaardii liqii lakkoofsa wabii hawaasummaa qabaachuu qabdu yoo jedhe baankota biroo waliin dubbadhaa. Baankii ITIN akka fayyadamtan isin dandeessisu barbaadaa.

## Gibira kaffaluu Dandeessuu.




Yoo hojjettan gibira kaffaluu qabdu. Waggaa waggaan Tajaajiloota Galii Biyya keessaa (IRS)tti gibira galmeessitu. Gibira galmeessuun dhimmoota immigireeshinii tokko tokkoof gargaaruu danda'a ta'a.

**Ebla bara 2025 tti, Tajaajilli Galii Biyya Keessaa (IRS) odeeffannoo murtaa'e ICE waliin qooduu akka jalqabu ibseera. Yoo sanada/eeyyama jireenyaa biyya kanaa hin qabne ta'e, ICE odeeffannoo gibiraa kee fayyadamee si argachuu fi biyyaa si ari'uuf yaalu danda'a.**

- Yoo kana dura TAKKAA iyyuu gibira hingalmeessine ta'e utuu hingalmeessin dura abukaattoo immigration waliin.mari'adhu

- Yoo U.S. keessatti gibira galmeessitee FI **qorannoo yakkaa jala jirta ta'e** ykn **ajaja biyyaa ari'uu isa dhumaa qabaatte**: osoo hin galmeessiin dura abukaatoo immigireeshinii waliin haasa'i.

- Yoo U.S. keessatti **gibira galmeessitee** garuu ati **qorannoo yakkaa jala HIN jirtu ta'ee** fi **ajaja biyyaa ari'uu isa dhumaa HIN qabdu ta'e**: gibira kee irra deebitee galmeessuun carraa biyyaa ari'amuu kee hin dabalu ta'a.

**Lakkoofsa wabii hawaasummaa osoo hin taane Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa Dhuunfaa (ITIN) fayyadamuun gibira galmeessuun ni danda'ama, yoodhuma lakkoofsa wabii hawaasummaa kaffaltii keessan irratti tarreeffame waliin wal hin simne ta'ellee.** Yoo teessoo mana keessanii ITIN keessan irratti fi unka gibiraa keessan irratti fayyadamuu hin barbaanne,

bakka isaa PO BOX fayyadamuu dandeessu. Yoo gibira mindaa keessan irraa cite qabaattan, deebitanii argachuuf ulaagaa guutuu dandeessu. Gibira galmeessuun dhimmoota immigireeshinii tokko tokkoof gargaaraa ta'uu danda'a. Sagantaawwan gibira keessan bilisaan galmeessisuuf isin gargaaran jiru. Kanneen irraa caalaatti baradhaa: prepareandprosper.org fi revenue.state.mn.us/free-tax-preparation-sites.

# Baraarsa Fayyaa

## Baraarsa fayyaa argachuu dandeessu.

Baraarsa fayyaa kunuunsa fayyaa keessaniif tokko tokko ykn hundaaf kaffaltii ni kaffalama. MinnesotaCare sagantaa namoonni Minnesota keessa jiran baraarsa fayyaa akka argatan gargaarudha. Namoonni galii xiqqaa qaban baraarsa fayyaadhaaf maallaqa xiqqaa akka kaffalan gargaara. Guraandhala 2025 irraa eegalee namoonni waraqaa ragaa hin qabne karaa MinnesotaCare baraarsa fayyaa argachuu danda'u.

### Odeeffannoo dabalataa argadhaa.

Marsariitiin Ministeera Tajaajila Namaa waa'ee uwwisa kunuunsa fayyaa namoota lammiilee U.S. hin taaneef ni dubbata. QR iskaan godhaa ykn gara kana deemaa: mn.gov/dhs/people-we-serve/

# Mana Qabaachuu ykn Kireeffachuu

## Mana qabaachuu dandeessu.

Mana qabaachuuf haala immigireeshinii seera qabeessa qabaachuun isin hin barbaachisu. Yoo sanada hin qabaannes mana qabaachuu dandeessu. Yoo hidhati gaa'ilaa keessan haala immigireeshinii seera qabeessa qabaat/tee fi mata duree mana keessanii irratti tarreeffamt/e, hidhati gaa'ilaa keessan baankii akka abbaa qabeenyummaa sanatti isin dabalu gaafachuu dandeessu.

Yoo waraqaa ragaa hin qabaanne mana bitachuuf liqii argachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Baankonni baay'een isaanii lakkoofsa wabii hawaasummaa keessan gaafatu. Baankonni tokko tokko liqii fudhachuuf Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa Dhuunfaa (ITIN) akka fayyadamtu isinii hayyamu.

### Mana jireenyaa ykn mana waliinii kireeffachuu dandeessu.

Maqaa keessan liizii irraa qabaachuu dandeessu. Nama biraa wajjin jiraachuun isin hin barbaachisu. Abbaan qabeenyaa ykn dhaabbati tokko isaan irraa kireeffachuu hin dandeessan yoo jedhe nama biraa irraa kireeffachuuf yaalaa.

### Odeeffannoo dabalataa argadhaa.

LawHelpMN waraqaa ibsituu namoonni bakka jiraatan kireeffatan mirga seeraa isaanii akka hubatan gargaaru qaba.
QR iskaan godhaa ykn gara kana deemaa: [lawhelpmn.org](lawhelpmn.org)

# Yuunivarsitii

### Yuunivarsiitii deemuun ni dandeessu.

Yoo waraqaa ragaa hin qabdanillee ta'e gara kolleejjii ykn yunivarsiitii deemuun ni danda'ama. Yuunivarsiitichi yeroo iyyattu ykn barnoota jalqabdu haala immigireeshinii keessan akka qooddan isin hin gaafatu. Yuunivarsiitiiwwan namoota Immigireeshinii fi Gumuruukaatti (ICE) hin gabaasan.

### Kaffaltii Yuunivarsitiitiif tarii gargaarsa argachuu dandeessu ta'a.

Minnesota Dream Act namoota waraqaa ragaa hin qabneef kaffaltii yunivarsiitii akka kaffalan gargaara. Minnesota Dream Act argachuuf ulaagaa kan guuttan yoo:

- Sanada hin qabdan yoo ta'e

- Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Minnesota keessatti yoo xiqqaate waggaa 3 barattan yoo ta'e fi
- Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa yoo xumurtan ykn Minnesota keessatti GED yoo argattan.

Minnesota Dream Act akka isin :

- Kolleejjii mootummaa fi yunivarsiitiiwwan Minnesota keessatti kaffaltii barnoota jiraattota isteetii biyya keessaa gatii salphaa kaffalu
- Gargaarsa maallaqaa isteetii Minnesota argachuu
- Gargaarsa maallaqaa karaa kolleejjii fi yunivarsiitiiwwan mootummaa Minnesota argachuu fi
- Liqii barattootaa isteetii Minnesota argachuuf iyyachuu. (Yoo waraqaa ragaa hin qabdan ta'e liqii barattootaa federaalaa argachuun yunivarsiitii kaffaluuf gargaaruu hin dandeessu.)

**Odeeffannoo dabalataa argadhaa.**

Waajjirri Barnoota Olaanoo waa'ee Minnesota Dream Act irratti waraqaa ibsituu qaba. QR iskaan godhaa ykn gara kana deemaa: ohe.state.mn.us

# Qaamolee Seera Kabachiisu Waliin Walquunnamuu

## 911 irratti bilbiltanii gargaarsa argachuu dandeessu.




Yoo nageenyi isinitti hin dhagaa'amu ta'e, manni yoo gubate, gargaarsa yaalaa yoo isin barbaachise, ykn balaan tasaa yoo isin mudate, 911 bilbiluu dandeessu.Poolisii, muummee balaa ibiddaa fi ogeeyyii fayyaa gargaarsaa irraa deggersa argachuu dandeessu. Magaalota hedduu keessatti namoonni balaa tasaaf deebii kennan waa'ee haala immigireeshinii keessanii isinsi gaafachuun seeraan ala.

## Abbaa seeraa irraa gargaarsa argachuu dandeessu.



Seerri yakkaa nama hundaaf tokko, haala immigireeshinii (waraqaa seeraa U.S. keessa jiraachuu) yoo qabaattanis qabaachuu baattanis. Yakka kamiinuu yoo hidhamtan abukaatoo argachuuf mirga qabdu. Galii xiqqaa yoo qabaattan ittisaa ummataa argachuu dandeessu. Ittisaa ummataa jechuun abbaa seeraa bilisaa mana murtiin ramadamedha.

## Turjumaana gaafachuu dandeessu.



Afaan itti fayyadamuuf baay'ee mijateen poolisii waliin haasa'uuf mirga qabdu. Poolisiin afaan keessan yoo hin dubbanne, turjumaana bilisaa gaafadhaa.

## Haqaan keessummaa'uuf mirga qabda.




**Yoo osoo konkolaataa oofaa jirtanii akka dhaabdan ajajamtan:**

- Maqaa keessan poolisiitti himaa. Maqaa sobaa itti hin himinaa. Yakka dabalataatiin himatamuu dandeessu.

- Hayyama konkolaachisummaa Minnesota itti agarsiisaa. Yoo hin qabaanne paaspoortii ykn waraqaa eenyummaa kan biraa itti agarsiisaa.

- Gaaffilee saffisa hangamii akka konkolaachisaa turtanii deebisaa. Gaaffii dabalataa ykn gaaffii isiniif hin galleef deebii hin kenninaa. Gaaffii waa'ee haala immigireeshinii keessanii hin deebisinaa.

- Poolisiin konkolaataa keessan sakatta'uu ykn isin hidhuuf yoo isin gaafate, abukaatoo keessan akka dubbisu gaafadhaa.

- **"To'annaa jalan jiraa? Moo ani deemuuf bilisa?" jedhaa gaafadhaa**

**Sababa kamiinuu yoo to'annaa seeraa jala ooltan:**

- Callisuu dandeessu.
- Gaaffii waa'ee haala immigireeshinii keessanii hin deebisinaa.
- Abbaan seeraa argachuuf gaafadhaa.
- Yeroo abukaatoo kee waliin haasoftu, hidhamni kun haala immigireeshinii kee irratti dhiibbaa akkamii akka qabu gaafadhu. Yoo abukaatoo immigireeshinii qabaatte, abukaatoon yakkaa kee akka isaan waliin hojjetu gaafadhu

## Odeeffannoo dabalataa argadhaa.

ACLUn qaamolee seera kabachiisan waliin dubbachuuf gorsa qaba. QR iskaan godhaa ykn gara kana deemaa: aclu.org/know-your-rights/immigrants-rights

***Fact Sheets odeeffannoo seeraa ti. Gorsa Seeraa MITI. Gorsaaf abokaattoo qabadhaa***
***Fact Sheet kana yoo inni wagaa tokkoo ol ta'e itti hingargaaraminaa. Haaromsaaf tarree Fact Sheet, ykn akkaataa roga jijjiiramaaf nugaafadhaa.***

**© 2025 Minnesota Legal Services Coalition.** Sanadni kun dhimma daldalaaf hintaane, namtokkeedhaafi barnootaaf baay'atee raabsamuu danda'a. Mirgoonni biroon hundinuu eegamoo dha. Beeksisi kun waraabbii hunduma irratti argamuu qaba. Baayisuun raabsuun fi .dhimma daldalaaf itti gargaaramuun cimsamee kan dhorkamee dha.